Kutaa 4

Daawwannaa

Leveled



Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Daawwannaa

Kutaa 4



Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gaaffiwwan Dubbisuun Duraa

1. Naannawa keetti waantootonni daawwataman maal faadha?
2. Masaraan kumsaa morodaa eessatti argama? eenyutti ijaarsise?
3. Siidaan Aanolee eessatti argama? maaliif dhaabate?



Boqonnaa 1: Daawwii Lagaa

Urjiin mucayyoo magaala bareedduu dabbassaan ishee dheeratee dugda irra ciisudha. Umuriitiin ijoollee taatus qaamni ishee furdaa bosbosa baayyee namatti toludha. Urjiin daa'immummaa ishee irraa kaastee waantota duraan argitee hinbeekneefi haarawa isheetti ta'an daawwachuu jaallatti. Maatiin ishees fedha ishee adda baasanii waan beekaniif iddoowwan gara garaa geessanii ishee daawwachiisu. Isheenis isa maatiin ishee wantoota adda addaa daawwachiisan kanatti hedduu bashannanti.

Gaaf tokko urjiin laga guddaa Birbir jedhamu kan naannawa mana isaanii jiru daawwachuuf abbaa ishee waliin deemte. Tibbi isaas Ganna waan ta'eef Birbir guutee daangaa isaarra darbee yaa'a. Yeroo yaa'us mukeen hundee isaaniitiin buqqisee baatee deema. Lubbu qabeeyyiin lagicha keessa jiraatan kanneen akka qurxummii, naachaafi roophiinfaa lagicha qarqaratti ba'anii mul'atu.

Urjiin uumama kana mara yeroo argitu gammachuudhaan guutamtee daawwatti. Abban ishees lubbu qabeeyyii qarqara lagiichaatti ba'an itti agarsiisuun maqaafi waa'ee isaanii ibsaaf. Roophiin ati argitu kun uumama addaati; hudduu waan hinqabneef waan sooratu tokko afaaniin nyaatee afaaniin haga. Kan inni nyaatus lubbu qabeeyyiidhuma bishaan kana keessa jirani jedhee itti hime. Urjiinis waa'ee roophii kana yeroo dhageessu uumamni akkasiis jiraa jettee hedduu ajaa'ibsiifatte.

Abbaan urjii amma waa'ee naachaa urjiitti himuu jalqabe. Kan dheeratu sun naacha yoo ta'u

bineensota lafarra foqoqan keessaa isa tokko. Naachi ijaan yoo ilaalan xiqqoo haafakkaatu malee roophiidhuma baayyee guddaa ta'e kana qabee nyaachuu danda'a. Ilkaan naachi qabu dhedheeraa ta'ee baayyinni isaa dhibba tokkoofi afurtamii afurii ol ta'a. Ilkaan hedduu ta'e kanaan immoo al tokko yoo lubbu qabeeyyii qabate afaan isaa keessaa miliquu hindanda'an jedhe.

Urjiin waa'ee bineensotaa abbaan ishee itti hime hedduu ajaa'ibsiifachuun "Lagicha qarqaratti wantonni xixiqqoon oliifi gadi fiigan sun maali?" Jette. Abbaan ishees qurxummii jedhamti erga jedhee booda, akka isheen nyaatamtu itti hime. Roophiifi naachi bishaan keessas alas ba'anii turuu yoo danda'an qurxummiin immoo tasayyuu bishaan keessaa yoo baate turuu akka hindaneenye dubbate. Urjiinis amaloota lubbu qabeeyyii lagicha keessa jiraatanii sirriitti hubatte.

Urjiin daawwii abbaan ishee daawwachiiseef guddaa isa galateeffattee gara manaatti galte. Saniin booda,

wantoota daawwachaa turte mara haadha isheetti himte. Haati ishees abbaa kee waliin deemtee daawwachuun kee gaariidha. Garuu bakka akkasii kana ijoolleen hanga guddattee of bartutti qofaa deemuu hinqabdu jette. Sababni isaas laga qarqara yoo deeman lagichi si liqimsuu danda'a. Bineensonni tokko tokko lagicha keessaa ba'anis nama nyaachuu danda'u jechuun gorsite.

Urjiin gorsa gorfamte tole jettee fudhachuun haati ishee wantoota biroo daawwatamuu qaban akka daawwachiiftu gaafatte. Haati Urjiis bakkawwaniifi wantoota adda addaa daawwataman keessaa Masaraa Kumsaa Morodaa geessitee daawwachiisuuf karoorsite. Daawwii daawwattu keessatti Urjiin waan argiteefi seenaa dhageesse yaadannoo akka qabattu itti himte. Yaadannoo qabatte kanas qindeeffachuudhaan hiriyootaafi obbolaan isheef akka ibsitu hubachiifte. Urjiinis qubeessaafi yaadannoo ishee qabattee Masaraa Kumsaa Morodaa deemte.



Boqonnaa 2: Daawwii Masaraa Kumsaa Morodaa

Masaraan Kumsaa Morodaa Urjiin daawwachuu deemte Godina Wallagga Bahaa magaalaa Naqamtee keessatti argama. Haati Urjiifi Urjiin Hawwiin, akkuma bakka masaraa kanaa ga'aniin waan daawwatan kanaaf maallaqa kaffalani. Sanaan booda, namoonni masaraa kana daawwachiisuuf

qacaraman isaan simatanii daawwachiisuu eegalan. Yeroo daawwachiisan kanas haala masaraa kanaa ilaalchisee wantoota jiran mara isaaniif ibsuu eegalan.

Masaraan kun bara 1881 A.L.I mootii Kumsaa Morodaa jedhamuun bakka mana jireenyaa Morodaa Bakareetti giddu galeessa mootummaa isaanii ta'ee ijaarame. Masaraan kunis Kumsaa Morodaafi maatii isaafi bakka jireenyaafi iddoo bulchiinsa mootummaa isaanii ta'uun tajaajilaa ture. Yeroo ammaa kana immoo akka ambaa seenaatti fudhatamuun daawwatamaa jira. Haalli ijaarsa masaraa kanaas kan baayyee nama ajaa'ibudha.

Masaraan kun gamoowwan yookaan manneen kudhan kan qabu yoo ta'u dallaa karra shan qabu kan dhagaatiin ijaarameen marfamee jira. Bu'uurri isaas utubaa ciccimaa saddeet akka aadaa sirna gadaa Oromoo calaqqisiisutti miidhagina addaatiin ijaarame. Tokkoon tokkoon utubaa kanaas roga saddeet saddeet kan qabudha. Kutaaleen manneen isaas tajaajila adda addaaf oolu. Tajaajila mana

murtii kennaa kan ture balbala guddaan yeroo ol seenamu karaa harka bitaatti argama.

Mana kana keessatti mootichiifi abbaan murtii torban keessatti guyyaa lama Roobiifi Jimaata himata namoonni himatanitti murtii kennu. Itti aanee kan jiru immoo galma affeerraati. Kutaa manaa kana keessatti namoota beekamoo qondaaltotaafi gaggeessitoota ta'aniif affeerraan nyaataafi dhugaatii raawwatama. Kutaan manaa inni biroo immoo mana meeshaalee kabajaafi badhaasni mootichaaf kennaman marti keessa taa'nidha.

Gidduu masaraa kanaa immoo iddoo jireenya mootichaatu jira. Kunis miidhagina addaa kan qabu ta'ee darbiin tokko kan irra taa'amee nageenyi naannawa sanaa itti eegamudha. Kana malees, gamoo kana irra iddoo mootichi ta'anii bashannanaa turantu jira. Jalli isaas kutaalee tajaajila adda addaa qaban kanneen akka mana ciisichaa, mana nyaataafi gorduuba qaba. Iddoon jireenya mootichaas bakka kanatti argama.

Kana malees, kutaa manaa lama kan tajaajila adda addaaf oolantu jiru. Kutaan tokko keessummoota dhiiraa kan keessatti simachuuf tajaajiludha. Inni biroon immoo mana dubartoota keessatti keessummeessaniifi mana jireenyaa haadha warraa mootichaati. Akkasumas, kutaan manaa lama kan nyaanni keessatti qophaa'u yoo ta'u, kutaa isa jalqabaa keessatti nyaataafi dhugaatii aadaa Oromootu qophaa'a. Kutaa isa lammaffaa keessatti immoo nyaata faranjii yookaan kan biyya alaatu hojjetama.

Xalayaaleen bara durii Mootichi Kumsaa Morodaa mootiwwan biroo waliin wal jijjiiraa turanis masaraa kana keessatti argamu. Meeshaaleen aadaa nyaataafi dhugaatii waliin wal qabatanis nijiru. Meeshaaleen waraanaa immoo eeboofi gaachana irraa eegalee hanga qawweefi rasaasa adda addaatti walitti qabamanii jiru. Akkasumas uffanni moototaafi suurawwan isaanii masaraa kana keessatti argamu.

Urjiin masaraa kana keessatti wantoota argamaniifi haala ijaarsa isaa haalaan daawwatte. Namoonni masaraa kana daawwachiisanis ibsa ga'aa waan isheef kannaniif nigalateeffatte. Ibsa isaan kennaa turan kana maras hiriyoota isheef ibsuuf yaadannoo qabachaa turte. Waan masaraa sana keessatti daawwachaa turte sana keessaas waan isheef hin galiin gaaffii gaafatte.

Daawwii daawwatte irraa gaaffii urjiin daawwachiistota gaafatte masaraa kana daawwachiisuun faayidaa maalii qaba? Kan jedhu ture. Daawwachiistonnis gaaffii gaariidha jechuun faayidaawwan isaa ibsaniif. Faayidaan masaraa kana daawwachiisuu namoonni biyya alaafi keessaa hedduun yeroo daawwatan biyya keenyaaf galii hedduu argamsiisu. Seenaa, aadaafi duudhaa uummata Oromoo dhaloota dhufuuf dabarsuun immoo faayidaa isaa isa biroodha jechuun ibsaniif. Urjiinis ibsa keessaniif galatoomaa jettee deemte.

Urjiin waan daawwatte sana mara yaadannoo waan qabatteef hiriyaa ishee kan ta'e Jaldeessootti himte. Jaldeessoon waan Urjiin daawwattee itti himte mara ajaa'ibsiifachuun, "Bakka daawwii kana maaliif na dhiistee deemte?" Ittiin jedhe. Urjiinis "Dhuguma osoo waliin deemneerra ta'ee hedduu natti tola; garuu, haadha kiyyatuu na geesse," jetten. Gara fuul duraatti garuu, maatiin isaanii daawwii kamiyyuu yoo geessan waldhiisanii akka hindeemne waadaa waliif galan.

Yaada kanas maatii isaaniitti himan. Maatiin Urjiifi Jaldeessoos isin barnoota keessanitti cimaa malee iddoo isin barbaaddan geessinee isin daawwachiifna jedhan. Urjiifi Jaldeessoonis barnoota isaanii kutaa sadaffaa xumuranii yeroo boqonnaa isaaniitti deemuu akka fedhan himan. Maatiin ijoollee kanaas haaluma waadaa isaaniif galaniin bakka fedha isaanii geessanii daawwachiisuuf sagantaa qabatan. Urjiifi Jaldeessoonis Siidaa Wareegamtoota Aanolee deemanii daawwachuu akka fedhan himan.

Boqonnaa 3: Daawwii Siidaa Wareegamtoota Aanolee

Maatiin Urjiifi Jaldeessoo Siidaa Wareegamtoota Aanolee daawwachiisuuf geessan. Akkuma isaan bakka siidaa kanaa ga'anin daawwachiiftonni siidaa sanaa ulaa irratti isaan simatan. Gatii daawwannaa kanaas qarshii muraasa erga kaffalanii booda, daawwachiistota bira deeman. Daawwachiiftonni sunis Urjiifi Jaldeessoo harka qabatanii ka'an.

Sanaan booda, yeroo daawwii sana daawwachiisan seenaa siidaa kanaa mara itti himaa deemu ture.

Urjiifi Jaldeessoon daawwachiistotaan siidaan kun eessatti akka argamuufi maaliif akka dhaabbate nutti himuun eegalaa jedhan. Daawwachiiftonnis seenaa siidaa kanaa bali'naan ibsaniif. Siidaan Wareegamtoota Aanolee kun Godina Arsii Aanaa Hexosaa Ganda Aanolee Saallaanii jedhamutti argama. Haalli ijaarsa siidaa kanaa aadaafi seenaa Oromoo calaqqisiisuu akka danda'utti itti yaadamee kan ijaaramedha. Kaayyoon siidaan kun dhaabbateefis bara 1880 keessa sirni nafxanyaa Minilikiin ogganamu Oromoota sirna sana morman irratti tarkaanfii fudhatameef yaadannoo dhaabbatedha.

Faayidaan dhaabbachuu siidaa kanaa immoo dhiibbaa sirni nafxanyaa Oromoota irra geessise ibsuun gochaan kun lammaffaa akka hindeebine barsiisuudha. Siidaan kun siidaa wareegamtoota Aanolee kan jedhameef tarkaanfiin ajjeechaa, harka muraafi harma

muraa waraana Minilikiin bakka Aanolee jedhamu kanatti waan raawwateef. Bakka kanattis namoota kumaatamatuu lubbuu isaanii dhabe. Siidaan Aanolee kun galmawwan seenaa adda addaa agarsiisaniifi godambaa of jalatti hammatee jira.

Waraana Minilik Oromoota Arsii waraanaa ture kana baroota gara jalqabaa irratti gootonni Arsii qindaa'anii loluun duubatti deebisaa turan. Oromoonni Arsii akka Minilik daangaa babal'ifachuuf lolu hinbeekan ture. Kan isaan yaadan loon keenya saamanii ooffachuuf jedhaniiti. Booda garuu, kaayyoon Minilik inni dhugaan lafa isaanii irraa fudhatee daangaa babali'fachuuf akka ta'e hubatan. Sanaan boodas, Oromoonni Arsii lafa keenya hinlaannu jechuudhaan lolli hamaan loltoota Minilikiifi isaan gidduutti gaggeeffame.

Minilik garuu, humna loltoota isaa yeroo irraa gara yerootti cimsaa deeme. Meeshaalee waraanaa faranjii yookaan warra biyya alaa irraa argateen bara 18 86 A.L.A Aanoleedhuma kana irratti tarkaanfii

suukanneessaa uummata irratti fudhate. Yeroo kanatti immoo uummata keenyatti gad aantummaan itti dhaga'amee eenyummaa isaa dhoksuun nafxanyaa fakkaatee akka jiraatu taasiseera. Qabeenyi isaan qabanis saamamuun soorata loltoota minilik ta'eera. Sirni gadaa akka baduu qabu labsuun gochaa Minilik raawwate kun harka muraafi harma muraa Aanolee jedhamuun seenaa keessatti galmaa'ee Jira.

Ijaarsi siidaa Aanolee kun bara 2008 A.L.A jalqabee bara 2014 immoo xumurame. Siidaan kun lafa heektaara kudha torbaa ol ta'u irratti kan ijaaramedha. Ijaarsi siidaa kanaa gamoowwan, kutawwaniifi iddoowwan tajaajila adda addaaf oolan qaba. Kanneen keessaa tokko gamoo tajaajila walii galaatiif oolu ta'ee kutaa hedduu kan of keessaa qabudha. Gamoon kunis irra keessaan halluu diimaa kan dibame yoo ta'u kun immoo dhiiga dhangala'e bakka bu'a. Gara fiixeetti immoo halluu magaala akka ifaa dibameera; kun immoo qaama namaa murame agarsiisa.

Hunda caalaa immoo ijaarsi ol dheeraa ta'eefi fagootti mul'atu siidaa wareegamtootaati. Kun immoo qabsoo hadhaawaa Oromoonni waggaa dhibbaan booda seenaa awwaalame keessaa ifatti ba'an agarsiisa. Dabalataan, golambaawwan kutaawwan adda addaa torba of keessaa qabuufi gamoo lafeen wareegamtootaa walitti kuufamee keessa jirudha. Kana malees, kutaa wareega kaffalamee bifa bocaatiin calaqqisiisuufi bakka harkaafi harma muraan itti gaggeeffame agarsiisutuu jira.

Urjiifi Jaldeessoon ibsa seenaa siidaa wareegamtoota Aanolee daawwachiiftonni isaanitt himan kana mara qalbiidhaan caqasaa turan. Daawwachiiftonnis yeroo seenaa kana itti himan wantoota siidaa sana keessatti argaman qabatamaadhaan itti agarsiisaniiti. Seenaan Urjiifi Jaldeessootti himame kunis abjuu isaan taasise. Yaadannoo qabachuufillee hedduu waan isaan dhibeef callisaniiti dhaggeeffachaa turan. Wantoota daawwatan keessatti kan isaaniif hingallemmoo daawwachiisaa sana gaafachaa turan.

Daawwachiisaan siidaa sanaa gaaffii Urjiifi Jaldeessoon gaafataniif ibsa bal'aa kennaafii ture. Lafee wareegamtootaafi kutaawwan adda addaa siidaa sanaas oliifi gadi deemee itti agarsiisa. Maatiin Urjiifi Jaldeessoo yeroo ijoolleen isaanii siidaa sana daawwatan waliin deemanii suuraa isaan kaasu. Urjiifi Jaldeessoonis bakkawwan adda addaa Siidaa Wareegamtoota Aanolee kanatti wal qabatanii suuraa ka'u. Siidaa kana daawwachuu isaaniittis hedduu bashannanan.

Urjiifi Jaldeessoon daawwii siidaa wareegamtoota Aanoleen booda, waan daawwatan hiriyoota isaaniitti himuu barbaadan. Sanaan booda yaadannoo yeroo daawwii daawwatan qabatan sana irra deebi'anii dubbisan. Yaada daawwii sanaas duraa duuba isaa erga sirreeffatanii booda, yeroo manni barnootaa banamu hiriyoota isaaniitti himuuf qophaa'an. Fulbaanni dhufee gaafa manni barnootaa banamu Urjiifi Jaldeessoon yaadannoofi suurawwan ka'an fudhatanii mana barnootaa deeman.

Yeroo hiriyoota isaanii arganis Ganna tibba boqonnaa isaaniitti siidaa wareegamtoota Aanolee akka daawwatan itti himan. Haata'u malee, hiriyoonni isaanii heddun siidaadhuma Aanolee kan jedhuyyuu dhaga'anii hinbeekan. Kanaafuu, waa'ee siidaa wareegamtoota Aanolee ilaalchisee haala isaaniif galuu danda'uun waan arganiifi dhaga'an mara itti himan. Suurawwan adda addaa siidicha waliin ka'anis itti agarsiisan. Barattoonni waa'ee daawwii siidaa sanaa dhaga'an marti immoo nutis maatii keenya haasofsiisnee deemnee daawwachuun bashannanuu qabna jedhanii murteessan.

Gaaffiwwan dubbisuun boodaa

Dubbisa dhiyaate irratti hunda'uun gaaffiwwan deebisi.

1. Dubbisa kana keessatti wantoonni daawwataman maalfa'i?
2. Waan tokko daawwachuun faayidaa maalii qaba?
3. Siidaan Aanolee maaliif akka dhaabbate ibsi.

Torban 2
Kutaa 4

Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 5
Kutaa 4

Akaakuufi Faayidaa Geejjibootaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 6
Kutaa 4

Ilmoo Tujaara

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 10
Kutaa 4

Gargaarsa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 11
Kutaa 4

Hojii Dhiiraafi Dubartii

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 13
Kutaa 4

Daawwannaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 15
Kutaa 4

Daawwii Garee

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 16
Kutaa 4

Bishaan Daakuu

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 20
Kutaa 4

Qusannoo Bishaanii

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 24
Kutaa 4

Dhaamsa Haadhaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

Haadha Bariisoo

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

Gabaa Markaatoo

Leveled

Afaan Oromoo